# XIINXALA WALDIDDAA ASOOSAMA DHEERAA HALLUU DU'AA

*QORATAAN: GAMMACHIIS BAACAA*

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII ARTII, AFAAN OROMOO OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUU FI FOOKLOORII
KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALISIMII FI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

*FULBAANA 2014/2021*

*FINFINNEE*

# XIINXALA WALDIDDAA ASOOSAMA DHEERAA HALLUU DU'AA

*QORATAAN: GAMMACHIIS BAACAA*

*GORSAAN: BIINIYAAM JAMBAREE (MA)*

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII ARTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUU FI QUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII
KOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA
JOORNAALISIMII FI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

*FULBAANA 2014/2021*

*FINFINNEE*

# GALATA

Hunda dura dursuudhaan bu'aa ba'ii jireenyaa keessa ana dabarsee sadarkaa kanaan na gahee hojii koo kana akka hojjedhee xumuuruuf kan ana gargaare Waaqa uumaaf galanni guddaan haa ta'u. Itti aansuudhaan, fiixaan bahiinsa hojii kootiif daandii naaf saaqaan haala qorannoo gaggeessu keessatti nuffe osoo hin jedhin irra deddeebi'anii kan na sirreessan fi karaa ana qabsiisan barsiisaa Biiniyaam Jambareef galanni ani qabu dachaadha. Xumura irrattis abbaa koo Obboo Baacaa Raggaa fi haadha koo Aadde Aragggaash Qana'aa milkaa'ina qorannoo koo kanaatiif deeggarsa baajataa fi gorsaan gargaarsa naa godhaniif rabbiin umrii isaanii haadheeressu jechuun barbaada. Akkasumaas obboleessa koo Israa'el Baacaa nuffii tokko malee yeroo hunda deggersa barbaachisu hunda naaf godheef kabajniif jaalalli ani isaaf qabu guddaadha.

# AXEREERAA

Qorannoon kun kan adeemsifame waldiddaa asoosama dheeraa "Halluu Du'aa" xiinxaluu irratti. Kaayyoon gooroo qorannichaa waldiddaa asoosama dheeraa Halluu Du'aa xiinxaluu yoota'u, malli qorannoo kana hojjechuuf dhimma itti bahame mala qorannoo akkamtaadha. Dhuma qorannoo kanaa irratti argannoowwan:- gosoonni waldiddaa, akka asoosamichaatti sababoota waldiddaa uumanii fi waldiddaan haala akkamiitiin akka mullatu bira ga'amee jira. Xumura irratti barreessitoonni gara fuula duraatti asoosama barreessuu barbaadan waldiddaa qooddataan uumamaa fi uumaa waliin taasisu akkasumas sababoota waldiddaa uuman akka dubbistoonni salphaatti hubatanitti utuu itti dabalanii qopheessanii caalmaatti gaarii ta'uu isaa kan ibsu yaanni furmaataa kaa'amee jira.

# Baafata

***Qabiyyee*** ***Fuula***


GALATA ..... i

AXEREERAA ..... ii

Baafata ..... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka'umsa  Qorannichaa ..... 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 4

1.3.2. Kaayyoo Gooree ..... 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 4

1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'INSA BARRUU ..... 6

2.1. Maalummaa Ogbarruu Barreeffamaa ..... 6

2.2. Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa ..... 6

2.3. Maalummaa Asoosamaa ..... 6

2.4. Faayidaa Asoosamaa ..... 7

2.5. Gosoota Asoosamaa ..... 7

2.5.1. Asoosama Dheeraa ..... 7

2.5.2. Asoosama Gabaabaa ..... 7

2.6. Caacculee Asoosamaa ..... 8

2.6.1. Waldiddaa ..... 8

2.7. Gosoota Waldiddaa ..... 9

2.7.1. Waldiddaa Keessaa ........ 9
2.7.2. Waldiddaa Alaa ........ 9
2.7.2.1. Waldiddaa Namaa fi Namaa ........ 9
2.7.2.2. Waldiddaa Namaa fi Hawwaasaa ........ 10
2.7.2.3. Waldiddaa Namaa fi Uumamaa ........ 10
2.8 Amaloota waldiddaa ........ 10
2.8.1 Amanamummaa ........ 10
2.8.2 Tokkummaa ........ 10
2.8.3 Dagaagina ........ 11
2.9. Faayidaa Waldiddaa ........ 11
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........ 12
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 12
3.2. Madda Ragaa ........ 12
3.3. Iddattoo fi Mala Iddatteessuu ........ 12
3.2.1. Iddattoo Qorannichaa ........ 12
3.2.2. Mala Iddatteessuu ........ 12
3.3. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 12
BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO XIINXALUUFI HIIKUU ........ 14
4.1. Gosoota Waldiddaa Asoosama Dheeraa Halluu Du'aa Keessatti Mullatani ........ 14
4.1.1. Waldiddaa Keessaa ........ 14
4.1.2. Waldiddaa Alaa ........ 16
4.1.2.1. Waldiddaa Qooddataafi Qooddataa Biroo ........ 16
4.1.2.2. Waldiddaa Qooddataafi Hawwaasaa ........ 18
4.2. Akka Asoosamichaatti Sababoota Waldiddaa Uuman ........ 19
4.2.1. Dinagdee ........ 19

4.2.2. Siyaasa ........................................................................................................ 20
4.3. Asoosamicha Keessatti Haalota Waldiddaan Ittiin Mul'atan ............................................ 21
4.3.1. Waliin Dubbii ........................................................................................................ 21
4.3.2. Yaadaan ........................................................................................................ 22
4.3.3. Fedhiidhaan ........................................................................................................ 22
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATA .......................... 23
5.1. Cuunfaa ........................................................................................................ 23
5.2. Argannoo ........................................................................................................ 23
5.3. Yaada Furmaataa ........................................................................................................ 24
WABIILEE ........................................................................................................ 25
Dabalee A ........................................................................................................ 26

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Dhalli namaa jireenya jiraatu keessatti mudannoo, muuxannoo, akkasumas quunnama isaa guyya guyyaa kan ittiin ibsatu ogbarruudhaan yoota'u, ogbarruun immoo goorowwan addaa addaa lamatti qoodama. Isaanis:- ogafaanii fi ogbaruu barreeffamaati.

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Dhalli namaa jiruuf jireenya isaa keessatti muudannoowwan adda addaa keessa darbuun akka jiraatu ni beekama. Kana jechuun kanneen akka gadda, gammachuu, jaalachuu, jibbuu, argachuu, dhabuu fikan kana fakkaatan isa muudatu. Muudannoowwan isa kanneen kan ittiin ibsatu keessaa tokko ogbarruudha.Yaada kana ilaalchisee Zarihuun (1992:142) akka jedhutti “ogbarruun kan ilmi namaa muudannoo isaa ittiin ibsatu,aadaa isaa ittiin calaqqisiisu,kalaqa afaanii yookaan kalaqa barreeffamaati.” jechuun ibsee jira.Yaada kana irraa kan hubannu dhalli namaa muudannoo jiruu fi jireenya isaa keessatti isa muudatu kanittiin ibsatu ogbarruun akka ta’e ibsa.

Ogbarruun dabarsaa aadaa uummataati. Ogbarruun dabarsaa beekumsa hawwaasaa sadarkaa addaa addaarra jiru kan qabuudha. Yaada kana ilaalchisee Asaffaan (2009:45) irratti "Ogbarruun dabarsaa aadaa uummataati, galmee jiruufi jireenya dhala namaa kan ta'e, kan namoonni hubannoo, beekumsaa fi muuxannoo sadarkaa addaa addaa qaban keessatti hirmaataniidha" jedha. Akka waraabbii yaadakanaatti ogbarruun karaa ittiin muuxannoo jiruufi jireenya, hubannoo fi muuxannoo dhaloota itti aanuuf dabarsaniidha.

Goorowwan ogbarruu ogafaanii fi ogbarruu barreeffamaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Ogbarruun barreeffamaa immoo bakka gurguddaa sadiitti qoodama. Isaanis:- Ogwalaloo, diraamaafi asoosama. Beekan (2012:1) yaaduma kana "Goorowwan ogbarruu barreeffamaa asoosama, diraamaafi walaloodha" jedha.

Asoosamni ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee kan barreessaan ofii isaatiif waan hawwaasa keessatti mullatu bifa barreeffamaan kalaqee dhiyeessuudha. Yaada kana ilaalchisee Beekan (2012:15) "Asoosamni akaakuu ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawwaasa bakka bu'uu dandaa'an ka'umsa godhatee akka hubannoo, dandeettiifi ilaalcha barreessaan kalaqa isaatiin qindeessee dhiyeessuudha" jedha. Waraabbiin

kun kaninni nuhubachiisu barreessaan tokko yeroo asoosama barreessu namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiraatan irratti hundaa'ee hubannoo ofiisaa ittidabalee kalaqasaa kan dhiyeessu ta'uu isaati. Asoosamni tuuta caacculee garagaraarraa kan ijaaramuudha.

Ogbarruun barreeffama bkka gurguddoo sadiiti qoodama.Isaaniis Asoosama, walaloo fi dooyiidha.Asoosamni goorowwaan ogbarruu jiran keessa isa tokkoodha.Yaada kana Asaffaa Tafarraa (2009:36) wabeeffachuun yommuu ibsu “goorowwaan ogbarruu keessa asoosamni, diraamaa fi walaloon isaan gurguddoodha.” jedha.Yaadni kun ogbarruun goorowwan gurguddoo sadii akka qabu ,akkasumas,asoosamni goorowwan kanneen keessa tokko akka ta’ee kan ibsudha.Kana malees asoosamni caaccuulee garagaraa kana akka ,yoomessaa,ergaa fi kan kana fakkaata of keessa qaba. Kunis waldiddaan caaccuulee asoosama keessa tokko akka ta’e kan nuttiagarsiisudha.

Yaaduma kana irraatti hunda’uun caaccuulee armaan olii keessa qorataan qorannoo kanaa kan irratti xiyyeeffatu waldiddaa asoosama dheeraa mata dureen HALLUU DU’AA jedhu irratti.Waldiddaan walitti bu’insa humnoota walgitan lama giddutti taasifamuudha. Kana jechuun walitti bu’insa yaada qaamota walmorman gidduutti uumamuudha.Yaada kana taaddasaan(2006:19)yommuu ibsu “conflict is the tention in situation between character or actual opposing between the character usually in drama,novel and short story”jedha.Yaada kanarraa kan hubannu waldiddaan taatee haala wayii keessatti qooddattoota gidduutti keessattuu diraamaa ,asoosama dheeraa fi gabaabaa keessatti bal’inaan kan uumamu akka ta’eedha.

Caacculee asoosamni irraa ijaaramu keessaa waldiddaan isatokkodha. Kanaaf qorataan kun xiinxala waldiddaa asoosama dheeraa "Halluu Du'aa" jedhurratti qorannoo geggeessee jira.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoowwan hedduun caacculee asoosamaa addaa addaarratti hojjetamanii jiru.Qorattoonni qorannoowwan mata duree kanaawajjin walfakkaatu hojjetanii jiran; Ascannaaqi (2010) qaaccessa waldiddaa asoosama dheeraa "Hambaa Du'aa" , Xaahir (2009) qaaccessa ergaa asoosama dheeraa "Dhoksaa Jireenyaa" jedhurrattii fi haaluma walfakkaatuun Alamaayyoofi kanneen biroon (2006) qaaccessa waldiddaa asoosama dheeraa "Kabiir Waadoo Gadaa" jedhurratti qorannoo geggeessanii jiru. Haata'u malee qorataan kun hanga sakatta'ee ilaaletti

caacculee asoosama dheeraa "Halluu Du'aa" jedhu keessa jiran irratti qorannoon geggeeffame hin jiru.

Namoonni muraasni rakkoowwan kanneen keessa darbuun ogbarruu oromootiif gumaacha gudda taasiisa turaniiru. Rakkoowwan kun namoota hedduu irraatti gama ogbarruutiin miidha geesiisus namoonni muraasni rakkoowwan kanneen keessa osoo jiran ogbarruu keessa asoosamoota muraasa barreessu danda'aniiru. Ta'us kanneen barreeffaman irraatis qorannoon bal'inaan gaggeeffame hin jiru.Kuniis rakkoo addaati.

Qorataan qorannoo kanaa kitaabicha irraatti qorannoon kana dura hin hojjatamne jedhe waan yaadeef hamma danda'ameen qorannoo gaggeessera.sababni qorataan kitaaba kana filateef haalli ijaarsa waldiddaa asoosamicha bifa nama hawatuun taa'uu fi addunyaa qabatama haalaan ibsuu danda'uu isaatiifi

Akka kitaabni world book vol,4(1994:442) ibsutti "criticism plays an importantpart in every art forme" jedha.Rakkoolee gama qorannoo kanaan mul'atan keessaa tokko asoosamni barreeffaman jiran kun caaccuuleen asoosama akkaata xiinxala yeroo amma yookiin ammayyaa waliin yeroo wal bira qabamanii ilaalaman hangamtu sirrii yookiin sirrii miti jedhu beekuu dhabuudha.Faayidaan kana beekuus asoosama barreeffaman qeequun yookaan xiinxaluun waldiddaa asoosama keessa jiru sirritti ijaaramuu fi dhiisuu isaa ibsa.Rakkoon kunis qorannoon kun akka gaggeeffamuuf qorataa kana kakaaseera.

Sababa kanaaf qorataan kun waldiddaa asoosamichaa xiinxalee olkaa'uudhaan ogbarruu Oromoof gumaacheera.

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitti argamaniif deebii kenneera. Gaaffileen kunis:-

- ✓ Gosoonni waldiddaa asoosamicha keessa jiranii kan akkam akkamiiti?
- ✓ Akka asoosamichaatti Sababoonni waldiddaa uuman maal maal fa'i?
- ✓ Waldiddaan asoosamichaa haala akkam akkamiitiin mullata?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo xiinxala waldiddaa asoosama dheeraa "Halluu Du'aa" irratti kan xiyyeeffateedha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyooleen gooree qorannoo kana keessatti qorataman kanneen armaan gadiiti.

Isaanis:

- ✓ Gosoota waldiddaa asoosamicha keessa jiranii adda baasuu.
- ✓ Sababoota waldiddaa asoosamicha keessatti uuman ibsuu.
- ✓ Haalota waldiddaan asoosamichaa ittiin mul'atan tarreessuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yommuu adeemsifamu, rakkoo tokko furuuf yookaan beekumsa dabaluuf ta'uu danda'a. Bu'aa qorannicharraa argamummoo qaamoleen garaa garaa irraa fayyadamuu danda'u. Haaluma kanaan qorannoo kanarraa qaamoleen armaan gadii nifayyadamu.

- ✓ Namoota qorannoo kana fakkaatu geggeessaniif akka ka'umsaatti nitajaajila.
- ✓ Barattoota duubaan dhufaniif akka madda odeeffannootti nigargaara.
- ✓ Namoota asoosama barreessuu barbaadaniif akkaataa fi gosa waldiddaa akkamiin caasessuu akka qaban irratti hubannoo kennuu dandaa'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan adeemsifame xiinxala waldiddaa asoosama dheeraa "Haalluu Du'aa" jedhu keessa jiran irratti kan xiyyeeffate yoota'u, asoosamichi akka lakkoofsa warra Awurooppaatti bara (2018) Eebbisaa Baayyisaatiin barreeffame. Maxxansi isaa maxxansa tokkoffaadha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko geggeessuu keessatti hanqinaaleen garaagaraa qo'ataa tokko nimudatu. Haaluma kanaan adeemsa qorannoo kana geggeessuu keessatti hanqinoonni qorataa kana mudatan keessaa muraasni hanqina yeroofi meeshaalee barreeffamaati. Yeroon qorannoon kun geggeeffame yookaan hojjetame yeroo barnootaa keessa waan ta'eef gama kanaan hanqinni yeroo qoraticha mudachuu danda'eera. Haata'u malee qoratichi yeroo boqonnaa isaatti gargaaramee qorannoo kana adeemsisuun rakkoo kana keessa darbeera. Hanqinni biraan immoo hanqina meeshaalee qorannoo kana ittiin barreessuuf oolan dhabuuti. Fakkeenyaaf Qorannoo kana barreessuuf kompiitara dhabuun qoraticha mudateera. Ta'us namoota kompiitera qaban biratti kaffaltiidhaan barreessisuun hanqinoota jiran keessa darbuu danda'ee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'INSA BARRUU

## 2.1. Maalummaa Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun ogummaa hawwaasaa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darbaa tureefi darbaa jiruudha. Geetaachoo (2005:133) irrattiyoo ibsu "Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee kanneen akka fedhii, gammachuu, hawwii fi kanneen kana fakkaatan miidhegsee ilmi namaa walitti qindeessee agarsiisuudha" jedha.

Akka waraabbii armaan olii kanatti ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf kandhiyeessuu fi daawwitii jiruuf jireenya ilma namaa ta'uusaa ibsa. Asaffaa (2009:21-22) "Ogbarruun barreeffamaa mala ittiin waan hawwaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun barreekkamaa karaa ittiin waan hawwasaaf bu'aa qabu dabarsuu dandeenyuudha. Ogbarruu barreeffamaa keennee jedhaman kunimmoo ogwalaloo, do'ii fi asoosama.

## 2.2. Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun barreeffamaa gosoota gurguddoo sadii ofkeessaa qaba. Isaanis:- Asoosama, diraamaafi walaloodha. Yaada kana Berhanu M (2009:24) irratti "Writer literature axsts in the major terms there are function, poeture and drams" jedha.

Waraabbiin armaan olii kun ogbarruun barreeffamaa goorowwan kanneen akka asoosamaa, walaloofi diraamaa akka ta'an ibsa.

## 2.3. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni hojii kalaqaa muuxannoo fi mudannoo ilma namaati. Geetaachoo (2005:13) "Asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'ee jireenya yokaan gocha hawwaasaafi uumamarratti bu'uureffate waantoota ragaan hin mirkanoofne barreessaan haala bashannansiisuun barreeffamaan dhiyeessuuf, akkasumas bifa yaadaan kan barreeffamuuf barreessuuf dandeettii, beekumsa kan barbaachisuudha" jedha. Akka waraabbii armaan olii kanatti asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'ee karaa ittiin mudannoo fi muuxannoo ofii hawwaasaaf dhiyeessan ta'ee hojii barnoota gahaa barbaadudha.

## 2.4. Faayidaa Asoosamaa

Faayidaan asoosamaa inni guddaan barsiisuuf bashannansiisuudha. Barreessaan asoosamaa fedhii aadaa fi beekumsa hawwaasa naannoo isaa bu'uura godhatee waan barreessuuf dubbistoota fedhii, aadaa fi beekumsa asoosamichaa hubachuudhaan ofsirreessuu kan danda'uudha.

## 2.5. Gosoota Asoosamaa

Asoosamni gosoota garaa garaatti qoodama. Asaffaa (2009:25-26) irratti yoo ibsu "Asoosa bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis:- asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa" jechuun qoodee jira.

### 2.5.1. Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaa keessa erga beekamee jalqabee hanga ammaatti gama addaa addaatiin hiikuuf yaalamee jira. Garuu hiika nomoonni marti irratti walii galan tokko lafa kaa'uun hindandaa'amne. Sababiin isaas hayyoonn hedduun asoosama kallattii kalaqaan yookiin kaayyoo barreeffama isaatiin waan walqabsiisaniif namni hundimmoo asoosama kallattii tokkoon hin barreessan waanta'eefidha. Wasanee (2008:84) "Asoosamni dheeraan gosa ogbarruu keessaa tokko ta'ee dhalootaa hanga du'aatti haalli jiruuf jireenya hawwaasaa keessatti mullatuudha" akka yaada waraabbii armaan olii kanatti asoosamni dheeraan seenaa tokko jalqabaa hamma dhumaatti kan seenessuudha.

### 2.5.2. Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan damee ogbarruu ammayyaa keessaa tokko ta'ee dhimmoota hawwaasa keessatti raawwatamaniif raawwatamuu dandaa'an barreessadhaan kalaqamee yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xumuramuudha. Yaada kana Jaarraafi Wasaneen (2000: 137) irratti "Asoosamni gabaabaan seeneffama yeroo gabaabaa keessatti raawwataniif raawwachuun dandaa'amu barreessaadhaan kalaqamanii bifa hololootiin barreeffamaniidha"jedhu. Yaanni kunis seenaan asoosama gabaabaan tokkoo yeroo gabaabduu keessaatti raawwatamuu isaa ibsa.

## 2.6. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosama tokkoof utubaa ta'uun akka asoosamichi humnaan cimaa fi tokkummaa qabaatu kan taasisuudha. Caacculee asoosamaa irratti Jaarraafi wasaneen (2000:138) "Miseensota asoosamaa xiinxaluun yaada asoosamaa akka qabnu nu taasisa" jedhu. Asoosama tokko asoosama kan taasisan qindoomina caacculee asoosamaa kanneen akka:- seenaa, jaargocha, namfakkii, waldiddaa, ergaa, ija, yoomessa fi fayyadama afaaniiti.

Qorannoon kun caacculee asoosamaa kanneen keessaa waldiddaarratti xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha.

### 2.6.1. Waldiddaa

Jireenya addunyaa kana keessatti ilmi namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhipina, hacuuccaa fi rakkinni adda addaa isaa qunnamuu danda'a.Isaan kanneen moo'achuuf namni sammuu isaa waliin,uumama waliin,namoota waliin,akkuma waldidu,waldiddaan asoosama keessattis mul'atu qooddattoonnis ofi isaaniitiin yommuu waldhaban;uumamaan waldhaban,namootaan waldhaban argina.Isaan kannentu waldiddaa jedhama.

Waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Waldiddaan asoosama tokko keessatti asoosamichi gara fuula duraatti akka tarkaanfatu yaanni yookiin ergaan barreessaan dabarsuu barbaade akka galma ga'u gochuu keessatti qaama gahee olaanaa taphatuudha. Akkasumas walitti bu'iinsa namfakkii seeneffama tokko keessatti argamaniidha. Beekan (2012: 24) "Jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa ba'ii jireenyaa hedduu waliin wallaansoo walqabaa oolu. Qabsoowwan kanneen jiraachuuf, wantoota jireenyaaf barbaachisan guuttachuuf, waan fooyya'aa argachuuf yokaan waan hawwan mara guuttachuuf geggeeffama. Jiraachuuf yokiin fedhii ofii guuttachuuf immoo namoota garaa garaa waliin hariiroon ni uumama" jedha. Akka waraabbii kanaatti waldiddaan jireenya dhugaa namoota bu'aa ba'ii addaa addaa keessa darbuudhaaf wantoota hedduu wajjin namoonni wallaansoo walqabaa oolu yoo ta'u, Kun immoo waldiddaa jedhamee beekama.

## 2.7. Gosoota Waldiddaa

Waldiddaan gosoota garaa garaatti qoodamu. Fedhasaa (2013: 79) "Waldiddaan gosoota gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis:- Waldidda keessaa fi waldiddaa alaati" jedha. Akka yaada kanaatti waldiddaan bakka lamatti kan qoodamu ta'uu isaa fi waldiddaan keessaa kan namni yaaduma ofii isaatiin waldhabu yommu ta'u, waldiddaan alaammoo kanneen akka namaa fi namaa, namaaf hawwaasaa fi namaaf uumaati.

### 2.7.1. Waldiddaa Keessaa

Namfakkiin tokko yommuu sammuu isaa wajjin walitti bu'u uumama. Fedhasaa (2013: 29) "Keessumaayyuu hayyu dureen kaayyoo isaa fiixaan baafachuurratti yeroo baay'ee sammuusaan bakka lamatti qooduudha. Waldiddaan kun waldiddaa keessaatti ramadama. Mormiin isaa kunis, wantoota sammuu namaa dhiphisan kaayyoo fi fedhii irraa kan madduudha" jedha. Waraabbii kanarraa kan hubannu, gosti waldiddaa kanaa namni kaayyoosaa fiixaan baafachuuf jecha yeroo inni yaada isaa wajjin walfalmu jechuudha.

### 2.7.2. Waldiddaa Alaa

Waldiddaa alaa kan jedhamu mormii namfakkiin tokko namfakkii naannoo isaa irratti ka'udha. Fedhasaa (2013:80) "Waldiddaan uumamumasaatiin ofii wajjin osoo hin taane namfakkii yookiin  waantota biroo wajjin ta'uudha" jedha. Akka waraabbii kanaatti waldiddaan alaa namfakkiin naannoosaa yookaan namfakkii biroo wajjin yommuu waldhabdee uumu jechuudha. waldiddaan alaa gosa afurtu jira. Isaanis:- waldiddaa namaa fi namaa, waldiddaa namaa fi uumamaa, waldiddaa namaa fi hawwaasaa, waldiddaa namaa fi uumaa jechuudhaan qoqqoodamu.

#### 2.7.2.1. Waldiddaa Namaa fi Namaa

Gosti waldiddaa kanaa gosoota waldiddaa alaa keessaa isa beekamaadha. Fedhasaa(2013:80) "Waldiddaan namaa fi namaa waldhabdee namfakkii fi namfakkii gidduutti uumamuudha. Waldiddaan haala kanaan uumamu wal inaaffaa fi yaadaan waldhabuurraa madda" jedha. Akka waraabbii armaan olii kanaatti waldiddaan namaa fi namaa  wal dhabdee namfakkiiwwanii irraa kan uumamuudka.

#### 2.7.2.2. Waldiddaa Namaa fi Hawwaasaa

Waldiddaa kana keessatti qooddataan waldiddaa kan geggeessu hawwaasa tokko bakka bu'uu dhaani malee akka qooddataa tokkoo miti. Yeroo kana mormii qooddataa fi hawwaasa gidduutti uumamu jechuudha.

#### 2.7.2.3. Waldiddaa Namaa fi Uumamaa

Yeroo tokko tokko qooddattoonni asoosamaa jiran keessatti baayyee jajjaboo taa'anii argamu. Kunis aadaa waan godhaniif waldiddaa isaanii olta'ee wajjin wallaansoo uumuudha. Waldiddaan humnoota uumamaas kan uumaas yeroo humnoonni uumamaa kun yaada isaanii galmaan ga'achuuf dhorkaman yookaan fedhii isaanii galmaan ga'uuf daanga'aniidha.

#### 2.7.2.4. Waldiddaa Namaa fi Uumaa

Namfakkoonni yeroo bu'aa ba'iin jireenyaa isaanitti ulfaatuu fi fedhiin isaanii guutuu didu uumamuu isaaniitti gaabbuurraa kanka'e uumaa isaanii komatu yokaan mormu.

## 2.8 Amaloota waldiddaa

Waldiddaan amala mata isaa kan bu'a qabeessa isa taasisu qaba.Isaaniis maddi interneetii web saayitii HTTP/WWW Jedhamu akka ibsutti: Amanamummaa, tokkummaa, fi dagaagina fa'adha.

### 2.8.1 Amanamummaa

Amanamummaan haala dhiyeenya dhugummaa, qooddattootaa ta'ee, waliin dubbii yookiin dubbiin yaadni dhiyaatu qabatamaa ta'uu qaba garuu guutummaan guututti dhugaa ta'uu osoo hin taane dhugaa irraatti hundaa'uun uumamuu ta'u qaba.

### 2.8.2 Tokkummaa

Yaada kana irraa kan hubatamuu jechuun adeemsi waldiddaa uumamee kun kan wal hordofaa deemu jechuudha.akkasumas, tokkummaan ogbarruu keessatti yaadotni asoosamicha keessatti jalqabaa hanga dhumaatti ka'an qindoomina kan agarsiisan ta'uu qabu.kana jechuun waldiddaawwan uumaman kan yaadni isaanii wal gadhiisan yookaan wal irraa goraa deemu ta'uu hin qabu

### 2.8.3 Dagaagina

Waldiddaan asoosama tokkoo kan inni dagaageera jedhamu yeroo qooddataan asoosamichaa jijjiirama bu'a qabeessa ta'e argatuudha.Akkasumas, waldiddaa uumaman keessatti humnoonni wal morman sun ciminni isaanii wal gituun hanga dhumaatti yeroo.

## 2.9. Faayidaa Waldiddaa

Akkuma qaamni namaa wantoota gara garaa irraa ijaaramu asoosamnis caaccuulee isaa guuttatee kan ijaaramudha.Kanaaf ijaarsa asoosama tokkoottif waldiddaan isa bu'uura ta'eefi lafee dugdaa asoosama tokkooti.Faayidaa waldiddaa keessaa tokko seenaa asoosamichaa akka itti fuufu taasisa.Waldiddaan yoo hin jirre immoo seenaan asoosamichaa bakkuma jirutti dhaabbatee hafa jechuudha. Kitaabni World book enc, of Britain volume 23(1994:230) akka eerutti "the readers interest my be captured at the out set by the promise of conflict" jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti fedhiin dubbistootaa kan qabamu yaada waldiddaan seenaa asoosama tokko keessatti qabuun akka ta'e nu hubachiisa

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo daandii qorannoon tokko irra adeemsifumuu fi gosa qorannoo kan murteessuyoota'u, gosti qorannoo kanaa gosa qorannoo akkamtaati. Sababiin isaa odeeffannoowwan asoosamicha keessaa sassaabaman qindoomina jechootatti fayyadamuudhaan, kallattii barruun tokko ittiin dhihaachuu qabu keessaa addeessatti dhimma bahameera.

## 3.2. Madda Ragaa

Qorannoo tokko geggeessuuf ragaaleen garaa garaa mata duree akka qoratamuuf filatame irratti jiraachuu qabu. Kanaaf qorataan kunis qorannoo kana geggeessuuf maddoota ragaa jiran keessaa madda ragaa tokkoffatti dhimma bahee jira.

## 3.3. Iddattoo fi Mala Iddatteessuu

### 3.2.1. Iddattoo Qorannichaa

Iddattoon qorannoo kanaa kitaaba asoosama dheeraa "Halluu Du'aa" ti. Kunis caacculee asoosamichi irraa ijaarame hunda haammata.

### 3.2.2. Mala Iddatteessuu

Qorataan qorannoo kana galmaan gahuuf mala iddatteessuu jiran keessaa qorannoo kanaaf mijataa kan ta'e, mala iddatteessuu miti carraa keessaa akkaayyootti dhimma bahuudhaan odeeffannoowwan barbaachisaa Asoosamicha keessaa bifa yaadannoo qabachuutiin sakatta'insa geggeessee jira.

## 3.3. Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli kun ragaalee walitti qabaman akkaataa tartiiba kaayyoowwan gooree jalatti qabatamaniifi duraa duuba ittiin Asoosamicha keessaa waraabamaniin, bakka odeeffannoon barbaachisaan jiru eeruudhaan akka gaaffiilee ka'umsa jalatti ka'aniif deebii quubsaa ta'utti gadi fageenyaan xiixallii irratti geggeessee ibsee jira. Qorataan kun qorannoo isaa keessatti ragaalee argate mala xiinxala

ragaalee jiraan keessaa mala al-lakkoofsawaatiin xiinxale jira sababni qorqtaan kun mala al lakkoofsawaa kana filateef odeeffannoon inni iddattoo isaa irraa argate lakkaawamuu yookan bifa lakkoofsawaatiin taa'uu hin danda'u waan ta'eefi.

# BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO XIINXALUUFI HIIKUU

## 4.1. Gosoota Waldiddaa Asoosama Dheeraa Halluu Du'aa Keessatti Mullatani

Waldiddaan gosoota gurguddoo lama ofkeessaa qaba. Yaada kana Fedhasaa (2013:79) irratti "Waldiddaan gosoota gurguddoo lamatti qoodamu" jedha. Isaanis waldiddaa keessaa kan qooddataan sammuu isaa waliin mormii taasisuufi waldiddaa alaa kun immoo kan qooddataan qooddattoota biroo yookiin waantotaa wajjin mormii taasisuudha.

### 4.1.1. Waldiddaa Keessaa

Waldiddaan kun kan qooddataan waan tokko murteessuuf sammuu isaa waliin mormii geggeessuudha. waldiddaan haala kanaan uumamu kun yeroo qooddataan waan isa quunname ilaalchisee yaada, fedhii, gadda, hawwii, gammachuu, jibbaafi kan kana fakkaatan irratti matuma isaatiin waldhabu kan mullatu yoo ta'u, kutaa asoosama dheeraa "Halluu Du'aa" jedhu keessatti akkaataa armaan gadiitiin mullata.

> *...Yeroo gabaabduu callisee taa'etti yaadota lama yaade. Yaanni isaa inni tokko dhala dhabuu jechuun homaa miti. Dhala namaa fudhattee guddifa chuu dandeessa. Dhalaaaf jettee carraa guddaa kana dhabuun siif hin ta'u. Garaa jabaadhu isaan jedha. Yaanni inni biraan immoo dhiisi! Waanti kun sitti haa hafu. Waan fedhe yoota'e ijoolleen guddifatan hamma kan ofii na maaf hin geessu. Kanumakee siif wayya. Nigaabbita isaan jedha.*
>
> *(Fuula 29, Keeyyata 2ffaa).*

Yaada armaaan oliirraa kan hubannu Wadaajoon qoricha ittiin nama miidhan yookaan qoricha tolchaa obbo Mokonnin irraa barachuuf waadaa seenetti, qoricha tolchaa barachuuf gatii guddaa akka isa baasisuufi gatiin inni baasuu qabu immoo bara jireenya isaa dhala dhabee hafuu akka qabu obbo Mokonnin itti himan. Wadaajoon garuu ijoollee godhachuudhaafis ta'e tolcha barachuu dhaaf fedhii guddaa qaba. Haata'u malee kanneen keessaa tokko filachuun dirqama

waan itti ta'eef kamiin akka filachuu qabu murteessuu dadhabuurraa kan ka'e sammuu isaa waliin waldhabbii taasise.

> *...Garuu maalif? Jettee ofkeessatti. Maalif nabarbaade? namichi harka dhiigaa kun harka isaa dhiiga namoota qulqulluu hedduun laaqame maalif anatti hiixate? iji isaa badiisa namoota hedduuf sababa ta'e sun maalif anarratti xiyyeeffate? Barattoota durbaa hedduu kutaa keenya keessa jiran keessaa maalif ana? Garuu maalif jettee ofgaa fatte. Sammuun ishee akka warshaa gaaffii oomishuu malee deebii kennuufii hin dandeenye. (Fuula 40, Keeyyata 4ffaa).*

Waraabbii armaan olii kanarraa kan hubachuun dandaa'amu dargaggeessi qoricha tolchaatiin nama miidhuun beekame kan Kumsaa  jedhamu Daraartuutiin waanan sihaasofsiisun qaba jedhe. Kumsaan qorichaan namoota hedduu ajjeesee, namoota kaan akka sammuu dhaban gochuudhaan nama baayyee biratti beekama. Kanaaf sodaarraa kan ka'e maal akka ishee haasofsiisuu barbaade amma adda baafattutti sammuushee waliin waldhabdee taasifte.

> *...Hanga ammaatti intala cina isaa teessee turtetti haalaan waa hin dubbanne. Amma garuu murteesseera. Karaa jige haa dhangala'u! Akkuma kon kolaataan Amboo ga'ee cireef dhaabbateenan itti dubbadha. Ciree akka waliin nyaannun itti hima! jedha yaada isaatti. Yaanni  isaa inni biraan immoo cimsee ittiin morma. Isheenoo nama beektuttuu akkana bilbilaan itti dheekkamtii si isa harra argitetti immoo akkam itti haadheekkamtuu? Salphina gonfachuu yoo feete malee akka waa itti hin dubbanne. Nimurteessa, deebi'e diiga. Nidiiga, deebi'eemmoo murteessa. (Fuula 41,42, Keeyyata 3ffaa).*

Yaanni armaan olii yeroo Badhaasaan konkolaataa keessa intala cina isaa teessuutti dubbachuuf yaadee miira dheekkamsaa isheen ittiin bilbi'aan nama duraan beektu haasofsiifte ilaalee

sodaarraa kan ka'e itti dubbachuuf ofmurteessuu dadhabee sammuu isaatiin walmormii taasisu agarsiisa.

## 4.1.2. Waldiddaa Alaa

### 4.1.2.1. Waldiddaa Qooddataafi Qooddataa Biroo

Gosti waldiddaa kanaa walii galtee dhabuu qooddattoota lamaafi isaa ol ta'aniitiin kan uumamuudha. Kunis ceephoo, ilaalcha, amanamummaa, gadda, gammachuufi kan kana fakkaataniin kan walitti bu'an yoo ta'u, asoosama dheeraa "Halluu Du'aa" keessatti gosti waldiddaa kanaa ballinaan kan mullataniidha. Yaanni waraabbii asoosamicha keessaa fudhatames akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

"...Yeroo biraa bakka tasgabba'aatti hin haasofnuu? Lakki! ammuma baruun fedha. Amma natti himi". (Fuula 49, Keeyyata 3ffaa).

Waraabbiin kun waldiddaa Kumsaafi Daraartuu gidduutti raawwateedha. Kumsaan waan ishee barbaadeef akka itti himuuf gaafatte. Innimmoo bakka tasgabba'aatti itti himuuf yoo barbaadu, isheen garuu yerooma sana bakka barattoonni jiranitti akka itti himu dirqisiisuu isheetiin mormiin gidduu isaaniitti uumame.

> ...*Lookoon ijoollee obboleessi ishee obbo Gamtaan aadde Bookashee*
> *harkatti dhiisee du'e fuutee guddisuuf Finfinnee kaatee gara magaalaa*
> *Naqamtee aadde Bookashee bira dhufte. Lookoon ijoollee kana*
> *ofitti fuudhee akkan guddisuuf anatti kenni jette. Aadde Bookasheen*
> *garuu lakki Waaqayyo inni ijoollee kana naaf kenne waan ani ittiin*
> *guddisus naaf kenna! Rakkadheen guddifadha malee ijoolleekoo*
> *eenyuuttuu hin kennu jettee didde. (Fuula 59, 60, Keeyyata 4ffaa).*

Waldiddaan kun kan inni adeemsifame Lookoofi aadde Bookashee gidduutti yoo ta'u, Lookoon galfata obboleessi ishee yeroo du'uuf ka'e itti kennetee du'e ijoollee isaa ofitti fuutee guddisuuf yaaddee Bookashee gaafatte. Aadde Bookasheen garuu ijoollee ishee itti kennuudiduu isheetiin waldhabbii taasifameedha.

*...Lookoon maaltu ta'e? Akkamitti utuu natti hin himin sadarkaa kanarra geessan? Mormi ishee baqaqfamuuf jira jennaanan bar na'ee dhufe. Ani harmeen ishee utuu ani hin beekin eenyu inni baqaqsu? Yeroo jettuun Caaltuun addaan kuttee jechakee harmee jettu sana sirreessi. Akkamitti harmee koo taatee ati? Harmee mitii gaaftokko akka firaatti na ilaaltee hin beektu. Harra harmee taataa? jette. Qabadhu afaankee! Akka haadhaa ta'ee guddisee asiin kan siga'e eenyu? Battalumatti akka waan rasaasni ishee dhahee siree irraa urguufamtee adaade maaloo dhukkubarratti dhukkuba natti hin dabalinii saalfadhu jettee Caaltuun ijaanuu si arguu hin barbaadu. Eeyyee hin barbaadu!. (Fuula 68, 69, Keey-yata 3ffaa).*

waldhabbiin kun kan raawwatame Caaltuufi adaadaa ishee Lookoo gidduutti kan adeemsifame yoo ta'u, yeroo Caaltuun dhibamtee mana yaalaa ciistee jirtutti dubbii gochaa ishee hin ibsine waa'ee caaltuuf dubbatte soba ta'uu isaa falmachuuf Caaltuun Lookoo wajjin waldhabbii uumte kan agarsiisuudha.

*...Siga'a. Ga'a! Waan qabdu mara natti himteetta. Gaafa jalqaba dhimma kana nagaafattee hanga ammaatti waan qabdu qofa natti lakkoofta. Anis kanaafan sidide. Qabeenya namaa osoo hin taane maalummaa namaan barbaada. Naman fedha. Eenyummaa isaa malee maalummaa namaaf dhim-ma hin qabu. Namummaattan amana. Qabeenyi qabeenya niidhufa nisookkas... isa miti. Kanan fedhu nama. Murteessii natti himi jette mitii? Murteessee sitti himuufan dhufe. Sihin barbaadu...jettee, shaayii dhufee dhaabbateef dhiiftee baatee deemte. Dalsaan qofaatti hafe. Akka deebitu kadhatus hin deebine. Garaa kutatteetti. (Fuula 113, Keeyyata 3ffaa).*

Waldiddaan armaan olii kun Hawwiifi Dalasaa gidduutti kan taasifame yoo ta'u, Dalsaan Hawwii jaallatee gaaffii jaalalaa isheef dhiyeesse. Haata'u malee Hawwiin jaalala isaa waan hin qabneef

tole jechuufii didde. Dalasaan garuu jaalala Hawwii qabeenyaan bituuf waanta qabu mara Hawwiitti odeessee ofjaallachisuuf yaale. Isheen immoo isa dhumaa sin barbaadu jetteen. Eenyummaa namaa malee qabeenya isaa akka hin barbaannes itti himte.

### 4.1.2.2. Waldiddaa Qooddataafi Hawwaasaa

Gosti waldiddaa kanaa kan qooddataan tokko aadaa, duudhaa, safuufi ilaalcha hawwaasaa wajjin waan wal hin fudhanne yookaan wal hin simanne raawwachuu isaarraa kan ka'e hawwasni isa balaaleffatu waldiddaa uumamuudha. Asoosama kana keessattis waldiddaan kun nimullata. Waraabbiin kitaabicha keessaa fudhatame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

*...Yaaddoon isaa waan tokko qofa. Harmeen isaa akka inn tamboo aarsu hin beektu.Akka inni aarsu yoo dhagaa'an namoonni naannoo sanaa hin jaallatan. Keessumaa harmeen isaa ni maraatti. Hanga Najjoodhaa deebi'ee dhufutti tamboo aarsuun isarra hin jiru. Akka hin dhiisne immoo araada qaba. (Fuula 8, Keeyyata 3ffaa).*

Waraabbii kanarraa kan hubannu Badhasaan araada tamboo qabaachuu isaafi ilaalchi hawwaasni Najjoofi maatiin isaa araada kanaaf qaban jibbisiisaa ta'uu, akkasumas aadaa isaanii keessatti akka waanta gadheetti waan ilaalamuuf gochi kun wal dhabdee isaan gidduutti uumuu isaati.

*...Akkuma Itsegennet jette iyyuu...ittiin jedha. Maalta'a? Maalta'a jaallatam-tuu harmeekee argachuuf yeroo xiqqoof hojii hin jaallanne hojjettee maal-laqa yoo argattee? Kaayyoo isaa dhugoomfachuuf namni gatii kana caaluy-yuu inbaasa mitii? Hin sodaatin...murteessi jedha. Battalumatti yaanni biraan immoo yaada isa kanaan wallaansoo qabuu eegale, Gatiin kana caaluu? Gatiin kana caalu mee maaltu jira? Maallaqa argachuuf qaama ofii gurguruu, dhaqna ulfinaa Waaqayyo namaaf kenne rakasiisuu, xurees-suu, rakkoo fayyaaf saaxilamuu, salphinaa fi Halluu Du'aatiin doorsifa maa jiraachuu...Gatiin kana caalu hin jiru. Akka hin yaalle. Kanaa mannaa ak-kuma namoota hedduu karaa dura erbee buufatanii taa'uu, taa'anii kadha*

*chuu, kadhatanii hamma argamte walitti qabachuun ittiin gara kaayyoo ofiitti imala eegaluu...wayya. Sana akka hin yaalle! ittiin jedha. (Fuula 117, Keey-yata 1ffaa).*

Yaanni armaan oliI kun daldalli walquunnamtii saalaa yookaan qaama ofii guguranii, salphina guddaa, rakkoo fayyaatiif ofsaaxiluudhaan maallaqa argachuun gocha hawwasa biratti baayyee balaaleffatamuufi jibbisiisaa ta'uusaa agarsiisa.

## 4.2. Akka Asoosamichaatti Sababoota Waldiddaa Uuman

Waldiddaan asoosama kana keessatti callisee kan uumamee osoo hin taane waantota sababa ta'an kan mataa isaa qabata'an. Isaanis:- Dinagdeefi siyaasa.

### 4.2.1. Dinagdee

Asoosama kana keessatti namfakkoonni bakka lamatti kan qoodamaniidha. Kunis gareen tokko dureeyyii yoo ta'an, kaan immoo harka qalleeyyii ta'anii argamu. Kitaabicha keessatti gareen namoota dureeyyii ta'anii Dalasaa, obbo Garbaafi maatii isaa, Lookoofi maatii ishee yoo ta'an, Kanneen harka qalleeyyii ta'an immoo Caaltuu, obbo Gamtaafi isaafi Badhaasaafaadha. Waldiddaan haala kanaan uumamanis yeroo gareen warra qabeenyaa qabanii warra iyyeeyyii irratti boonan kan mullatuudha. Kunis kitaabicha keessaa waraabamee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Waldiddaa Dalasaafi Hawwii Gidduu

"...Kana qofaa miti. Kondominiyeemii sadarkaa isaa eeggate abbaa ciisicha sadiin qaba. Konkolaataan ittiin dhufe kunis kiyya. Ga'a. Siga'a! waan qabdu hunda natti himteetta...". (Fuula 113, Keeyyata 2ffaa).

Yaada armaan olii kana yeroo Dalasaan soorummaa isaatiin Hawwiitti boonu isheen immoo of himuusaa jibbuurraa kan kkan wal dhabantu mul'ata.

Waldiddaa Gamtaafi Maatii Obbo Garbaa Giduu

"...Hamma humna hiyyeessaatti maallaqa Gamtaan jaarsoliitti maatii isheef ergee ture qarshii 500 tuffatanii borumtaa deebisaniifii akka inni hin fayyinetti hamileesaa cabsaniiru". (Fuula 60, Keeyyata 4ffaa).

Akka waraabbii kanaatti, hiyyummaa Gamtaa mullisuuf qarshii gatii gabbaraaf 500 gara maatii isheetti erge tuffatanii itti deebisuun hamilee isaa cabsan agarsiisa.

Waldiddaa aadde Lookoofi Caaltuu gidduu

"...Utuu isheen hin beekin jaarmiyaan gargaarsa namoomaa hamma kana Caaltuu gargaaruufi wallaansisuun isaa akka isheen ofitti yeellaatu ishee taasiseera". (Fuula 70, Keeyyata 3ffaa).

Aadde Lookoon qabeenya ittiin mucaa obboleessa ishee yaalchiftu utuu qabduu yaaduu dadhabuu isheerraa kan ka'e Koompaashiniin gargaarsa namoomaa Caaltuu wallaansisuun isaa akka isheen ofitti yeellaatu ishee taasise.

### 4.2.2. Siyaasa

Asoosama kanaatti sababa siyaasaatiin waldiddaan uumamanii jiru. Waldiddaan kunis Badhaasaafi Gebre Igzaabir gidduuti kan mullateedha.

*...Ganama tokko fuulli isaa ilkaan ta'ee kokkolfaa dhufe. Badhaasaan kolfa nami chaa hin jaallanne. Achumaan maaltu akka isa gammachiise gaafannaan waan amanuun isaa nama rakkisu itti hime. Sanyii abbootii baraa ta'uu isaaf qofa iyyaafatamee bakka tokkotti akka waamame, hojiin isaa daldala ta'uu baa tus atattamaan heyyama daldalaa baafachuu akka qabu itti himame. Akkuma inni heyyama baafateen dorgommii caalbaasiif dhiyaatee mo'achuuf akka jiru, erga mo'atee immoo Kaampaanii Chaayinaa konkolaataa oomishu tokkor-raa konkolaataawwan siinoo tiraakii jedhaman dhibba lama qaama mootum-maaf akka dhiyeessu, tokkoo tokkoo kanaarraa bu'aa qarshii kuma dhibba lama akka argatu haalli hundi isaaf mijeeffamaa akka jiru Badhaasaatti hime. Uuf...jedhee hafuura dheeraa baafate. Kan na aarsu Gebre Igzi'aabaer!...*

*kan na aarsuu isa isin ofii nyaattan qofa miti. Isa isin akka nu hin nyaan-*

*ne nudhorkitan malee...yoo jedhu bakka hojii akka jiru yaadatee deebi'ee sodaa*

*te. (Fuula 11 , Keeyyata 2ffaa).*

Akka waraabbii olii kanarraa hubannutti siyaasnimullatu, Gebre Igzaaber sanyii abboott baraati jechuun warra barri harka isaanii jiru, aangoon, diinagdeen ,siyaasaafi kan kana fakkaatan harka isaanii jiru waan ta'aniif Badhaasaa waliin sadarkaa barumsaa tokko kan qabaniifi waajjira tokko keessaa kan hojjetan ta'an iiyyuu garaa garummaa guddatu isaan gidduutti mul'ata. Kunis haala qabatamaa siyaasan walqabatee qaamni aangoo harkaa qabu yeroo saamichan akka fedha isaatti waan fedhe guuttatu qaamni miidhame immoo gocha akkasii kana balaaleffachuun waldiddaa uumame argisiisa.

## 4.3. Asoosamicha Keessatti Haalota Waldiddaan Ittiin Mul'atan

Waldiddaan asoosams dheeraa Halluu Du'aa keessatti haala garaa garaatiin mullata. Kunis namfakkoonni yeroo waldhaban waliin dubbii taasisuun walmormudhaan, yaada walii faallaa ta'e qabaachuufi fedhii addaddaa qabaachuudha.

### 4.3.1. Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan namoota lamaafi isaa olta'an gidduutti raawwatuudha. Kunis asoosamicha keessaa akka armaan gaditti waraabamee dhiyaatee jira.

*...Qabadhu afaankee! Akka haadhaa ta'ee guddisee asiin kan siga'e*

*eenyu? Dhugaadha miixadhee si hin deenye. Garuu ijoolleekoo lamaan*

*kanan miixadhee dahe waliin wal isin caalchisee hin beeku. Ati anaaf dha*

*lakoo ishee hangafa. Sin jaalladha...jette. Battalumatti akka waan rasaasni*

*ishee dhahee siree irraa urgufamtee...Caaltuun adaade! maaloo dhukkuba*

*irratti dhukkuba anaaf hin dabalin. Saalfadhu! Ijoolleekee waliin walqixa*

*akka na ilaaltu dubbachuun akkamitti sin qaanessuu?. (Fuula 68, Keeyyata 3).*

Waliin dubbiin armaan olitti dhiyaate kun kan Lookoofi Caaltuu gidduutti wal mormiin taasifame ittiin mullatuudha.

*...Kana qofa miti. Kondominiyeemii sadarkaa isaa eeggate abbaa ciisicha sadiin qaba. Konkolaataan ittiin dhufe kunis kiyya yoo ittiin jedhu,...sagalee ishee ol fuu tee itti dheekkamuu eegalte. siga'a! waanqabdu hunda natti himteetta. Gaafa jalqaba dhimma kana nagaafattee kaaftee hanga ammaa waan qabdu qofa natti lakkofta. Anis kanaafan sidide. (Fuula 113, Keeyyata 2).*

Yaanni waraabame kun waldiddaa Dalasaafi Hawwii gidduutti bifa waliin dubbiitiin raawwateedha.

## 4.3.2. Yaadaan

Kun immoo yeroo namfakkoonni gochaan waanta walfaallaa ta'e raawwatan waldiddaa uumameedha.

"...Hamma humna hiyyeessaatti maallaqa gamtaan jaarsoliitti maatii isheef ergee ture qarshii 500 tuffatanii borumtaa deebisanii erganiifii akka inni hin fayyinetti hamilee isaa cabsaniiru". (Fuula 60, Keeyyata 3ffaa).

Waraabbii olii kana keessatti waldiddaan gochaa Gamtaafi maatii bookashee gidduutti haala tuffii mullisuun maalaqa walitti deddeebisuudhaan kan mullatuudha.

## 4.3.3. Fedhiidhaan

Gama fedhiidhaan gargar ta'uu qooddattootaatiin waldiddaan asoosama kana keessatti ni mullata. Kunis Daraartuufi Kumsaa gidduutti kan mullatuudha.

"...Maaltu sinaasisa? jaallatamuun nama rifaasisaa? Atattamaan murtookee akka natti himtun fedha. Yeroo dhiyootti walfuuna... yoo tole jette. Dinnaan maaltu akka ta'u arguuf carraa hin qabdu. Siifi maatiikee irratti maaltu akka ta'u utuu hin argin duuta!". (Fuula 50, Keeyyata 1ffaa).

Yaanni asoosamicha keessaa fudhatame kun fedhiin Kumsaa akka Daraartuun isa jaallattuufi yeroo gabaabduu keessatti ishee fuudhuu yoo ta'u, Daraartuun garuu fedhii guddaa barnoota ishee qofaaf malee Kumsaadhaafis ta'e heerumaaf fedhii dhabuun ishee gidduu isaaniitti wal dhabbii uumee jiraachuu isaa mullisa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATA

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon boqonnaa arfaffaa waldiddaa asoosama dheeraa Halluu Du'aa keessa jiru xiinxaluudha. Asoosamni kun caacculee garaa garaa of keessaa qaba. Isaan keessaa muraasni:- Yoomessa, namfakkii, ergaa, waldiddaafi kanneen kana fakkataniidha. Caacculee kanneen keessaa qorannoo kana keessatti waldiddaan asoosama dheeraa Halluu Du'aa jedhuu xiinxalamee jira. Waldiddaan walitti bu'iinsa humnoota lama gidduutti taasifamuudha. Kana malees ilmi namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhiphinaafi rakkina adda addaa isa quunnamu mo'achuuf qooddataan sammuu isaa waliin, qooddataan qooddataa wajjiniifi qooddataan hawwaasa wajjin walitti bu'u kan uumamu ta'uun ibsameera. Isaan kanneen xiinxaluufis mala qorannoo akkamtaa fayyadamuudhaan qorataan kitaaba qorannoo irratti adeemsisaa jiru irra deddeebin dubbisuun ragaan kan qaacceffameedha. Isaan kanneen xiinxaluu fi mala qorannoo al lakkoofsawaatti fayyadamuun karaa madda oddeeffannoo sadarkaa lamaffaa fi kitaaba qorannootti dhimma bahamee jira.Oddeeffannoo kanneen funaanuufis meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka sakatta'a dookumanti, barruulee fi meeshaalee qorannoo kanaan walqabatan,akkasumas qorataan kitaaba qorannoo irratti adeemsisaa jiru irra deddeebiin dubbisuun ragaan kan qaacceeffameedha

## 5.2. Argannoo

Haaluma xiinxallii geggeeffameen, asoosamicha keessatti gosoota waldiddaa:-Waldiddaa qooddataafi sammuusaa gidduutti, qooddataafi qooddataa gidduuti akkasumas qooddataafi hawwaasa gidduutti taasifaman adda baafamaniiru.

Barreessaan asoosamichaa haala ijaarsa waldiddaa yeroo barreessu faffaca'ee kan jiru ta'uun hubatameera Akaakuu waldiddaa hedduu barreessaan asoosamicha osoo hin barreessin bira darbuun waldiddaa hanga tokko qofatti fayyadamuun asoosamicha barreessuun ifa bahee jira.

Barreessaan asoosamicha waldiddaalee jiran hunda isaanii sadarkaalee waldiddaa shanan kanneen akka ka’umsa, olka’aa deemuu, fiixeerra gahuu, gadi bu’a deemuu fi furmaata argachuu waldiddaa eeguun barreessuu dhabuun bira gahamee jira

Waldiddaa haala addunyaa dhugaa waliin wal bira qabuun barreesaan asoosamicha kan barreesse ta’uun sakatta’ameera. Akkasumas uumamuu waldiddaa asoosamichaf sababa kanneen ta'an dinagdeefi siyaasa ta'uun isaa bira ga'amee jira.

Kana malees haalonni waldiddaan asoosamicha keessatti ittiin muullatan:- haala waliin dubbii, yaadaafi fedhiin gargar ta'uutiin kan mullataniidha.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Akka qorannoo kanaatti:

- ✓ Namoonni asoosama barreessuu barbaadan waldiddaa yeroo uuman bu'aa ba'ii jireenya keessatti waldiddaa qooddattootaa guddaan uumaa fi akkasumas uumama biroo wajjiin taasisu utuu itti dabalanii qopheessanii asoosamni isaan barreessan hawwataa ta'uu danda'a.
- ✓ Akkasumas barreessitoonni asoosama barreessuu keessatti sababoota waldiddaa qooddattoota gidduutti uumuu dandaa'an akka duubbistoonni haala salphaan bira ga'uu danda'aanitti utuu dhiyeessanii gaarummaa qabachuu mala.
- ✓ Barreessaan asoosama fulduraaf yeroo barreessu haala ijaarsa waldiddaa walduraa duuba isaanii eegee barreessuu qaba.Kun yoo ta’e dubbistoota haalaan hawwachuu danda’a.
- ✓ Gosoota waldiddaa jiran hunda isaanii asoosamicha keessatti fayyadamuun barreessaan asoosamicha barreessu qaba. Kun midhaagina waldiddaa asoosamichaaf baay’ee gaarii waan ta’eef dubbistoota keessatti kaka’umsa uumuu danda’a.
- ✓ Barreessaan asoosamicha sadarkaalee waldiddaa shanan isaanii fulduraaf tartiibaan fooyyeessee osoo barreesse gaariidha
- ✓ Barreessaan kun waldiddaa asoosamicha keessatti argaman haala addunyaa dhugaa ibsuu danda’aniin barreessee jira.Barreessitoonni biroos haaluma kanaan barreessuu qabu.

# WABIILEE

Asaffaa Tafarraa.(2009). *Eelaa: Seenaa Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee. Far-east trading. PLC.

Beekan Gulummaa. (2011). *Yandoo: Ogummaa fi Ogwalaloo Oromoo*. Finfinnee Oromiyaa.

Berhanu Mathew PHo. (2005). *Fandamental ofLiterature*: 2nd edition. Printed Alph Printers.

Eebbisaa Baayyisaa. (2010). *Halluu Du'aa:* Asoosama Dheeraa. Finfinnee. Nechsar Printing Press.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013). *Suubii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee; Printing Press.

Geetaachoo Rabbirraa. (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo.* Finfinnee; Corraz International Publishing.

Jaarraafi Wasanee. (2000). *Bantuu Haaraa: Seerlugaafi Ogbarruu Afaan Finfinnee Emay Printers.*

Wasanee Bashaa. (2008). *Bu'uuraalee Qorannoo:* Addis Abeba. Mana Maxxansaa Boolee.

# Dabalee A

Meeshaa Odeeffannoon Ittiin Funaaname Yookaan Cheekiliistii

| Qabiyyee | Fuula | Keeyyata |
|---|---|---|
| Gosoota Waldiddaa | | |
| Waldiddaa qooddataafi sammuu isaa | Digdanii sagal, afurtamaa hanga afurtamii lamaatti. | Lammaffaa, afraffaa,, sadaffaa |
| Waldiddaa qoodataafi qooddataa | Afurtamii sagal, shantamii sagal, jaatama, jaatamii saddeet, jaatamii sagal, dhibbaaf kudha sadii. | Sadaffaa, afraffaa, sadaffaa |
| Waldiddaa qooddataafi hawwaasaa | Saddeet, dhibbaaf kudha torba. | Sadaffaa, tokkoffaa |
| Sababoota Waldiddaa Uuman | | |
| Dinagdee | Dhibbaaf kudha sadii, dhibbaaf kudha afur, jaatama, torbaatama | Lammaffaa, afraffaa, sadaffaa |
| Siyaasa | Kudha tokko | Lammaffaa |
| Haalota Waldiddaan Ittiin Mullatan | | |
| Waliin dubbii | Jaatamii saddeet, dhibbaaf kudha sadii | Sadaffaa, lammaffaa |
| Gochaa | Jaatama | Sadaffaa |
| Fedhii | Shantama | Tokkoffaa |

# Waraqaa Mirkanneeffannaa

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gadiitti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa:_______________________________.

Mallattoo:____________.

Guyyaa:______________.

Maqaa Gorsaa:_________________________________.

Mallattoo:___________________

Guyyaa____________________